# Daa’ima keessan COVID-19 irraa eegaa

## BARREEFFAMA

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

Talaalliin COVID-19 yeroo ammaatti daa’imman baatii 6 fi isaa oliitiif ni jira.

Wiirtuun Ittisaa fi To’annoo Dhukkubootaa daa’imman baatii 6 fi isaa olii hundi akka talaallii fudhatan ni jajjabeessa.

Talaalliin COVID-19 daa’immaniif fayya-qabeessa, amansiisaa, bu’a qabeessaa fi kaffaltii irraa bilisa. Talaalliin kun daa’immanii fi oladeemtotaaf akka kennaman murtaa’uun dura qoratamanii nagaa ta’uun isaanii mirkanaa’eera.

Akkuma ga’eessotaa, daa’immanii fi oladeemtoti sababa COVID-19 n hedduu dhukkubsachuu, rakkoowwan yeroo dheeraa fi gabaabaa, akkasumas COVID-19 daddabarsuuf saaxilamuu ni danda’u.

Daa’immanii fi dargaggoonni haala kamiin COVID-19 n akka miidhaman salphumatti dubbachuun hin danda’amu. Namoonni rakkoo fayyaa qaban ykn kanneen ittisa farra alagaa dadhabaa qaban carraa COVID-19 n hedduu dhukkubsachuu qabu. Garuu daa’imman fayyaaleyyiin illee hedduu dhukkubsachuu malu. Kanaafi talaalliin kun hedduu barbaachisaa kan inni ta’e.

Daa’imman kana dura COVID-19n qabamanii fayyan illee sababa eegumsa dabalataa isaaniif ta’uuf talaallii fudhachuu qabu. COVID-19n yeroo tokkoo ol qabamuun ni danda’ama, kana dura mallattoon dhukkubichaa salphaa ta’e jechuun kan hafes akkana ta’a jechuu miti.

Talaalliin COVID-19 matumaa dhukkuba COVID-19 nama hin qabsiisu. Miidhaawwan cinaa kanneen akka, dhukkubbii hirree ykn dhaqna gubaa salphaa, kanneen talaallii booda mudatanii fi guyyaa tokko ykn lama booda baduu danda’an qabaachuu mala.

Talaalliin COVID-19 maatii fi hawaasa dhukkuba COVID-19 irraa eega.

Eegumsa ol’aanaa argachuuf daa’imni keessan dooziiwwan talaallii COVID-19 ajajaman hunda argachuu qabu-kun tumsituu talaalliis ni dabalata.

Dooziin talaallii daa’imman xixiqqoo kanneen daa’imman gurguddoo fi ga’eessotaaf eyyamamniin gadi. Hangi doozii talaallii daa’immanii umurii isaanii irratti hunda’a, guddinaa ykn ulfaatina isaanii irratti miti.

Daa’imni keessan dhiheessaa tajaajila fayyaa yoo qabaate/tte, yeroo daa’imni doozii talaallii jalqabaa fudhatutti odeeffannoo waa’ee dooziiwwan hafanii fi guyyaa beellama talaallii isinitti ni himu. Daawwannaa tokkichatti daa’imman talaallii COVID-19 fi talaalliiwwan biroo wal faana fudhachuu ni danda’u.

Daa’imni keessan dhiheessaa tajaajila fayyaa yoo hin qabaanne, odeeffannoo dabalataaf akkasumas bakkeewwan talaallii naannoo keessan jiran baruuf mn.gov/vaxforkids ilaaluu dandeessu. Toorii bilbila COVID-19 ergaa Waajjira Fayyaa Minnesota gaaffiiwwan deebisuuf ni jiru, afaan filattaniin namoonni isin dubbisan ni jiru. 1-833-431-2053 irratti bilbilaa.

Marsaaratii Waajjira Fayyaa minnesota Inshuraansii Fayyaa argachuuf ykn Leecalloowwan Tajaajila Fayyaa Gatii gad bu’aa argachuuf ilaalaa (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/materials/lowcost.html) afaanota hedduun.

[sagalee muuziqaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
health.communications@state.mn.us

10/19/2022 (Oromo)
Odeeffannoo kana unka birootiin argachuu yoo barbaaddan, lakkoofsa armaan gadii irratti bilbilaa 651-201-4989